

## Sheek Bakrii Saphaalloo



**Sheek Bakrii Saphaalloo** (maqaa dhalootaa: Abubakar Garad Usmaan; Sadaasa 1895 - 5 Ebla 1980) hayyuu [Oromoo](#) fi walaleessa (poet) fi barsiisaa amantiiti. Hunda caala kan inni ittiin beekamu qubee Afaan Oromoo ittiin barreeffamu uumuu isaatini.

Sheek Bakrii Saphaalloo ilma Garad Usmaan Odaati; Garad Usmaan Odaa naannoo laga Saphaalloomtii lafa qaba ture. Lafti isaanii kun yeroo Minilik Harar qabatu bulchiinsa sana keessa oole. Abubakar kan dhalate erga Harar Minilikiin booji'amte waggaa 8 booda yoo ta'u erga abbaansaa amanti [Islaamaa](#) fudhatee waggaa 16 booda ture. Abubakar obboleeyyan dhiiraa sadi'ii fi obboleeyyan durbaa afur qaba. Garad Usmaan musliima bayeessa fi dandeettii [Afaan Oromoo](#) kan qabu yoo ture barnoota garuu hin qabu; kanaaf dubbisuu fi barreessuu hin danda'u. R. J. Hayiwaardi fi Mahaammad Hasan akka tilmaamanitti, ati isaa Kadijjaan Musliima ta'uu akka hin hafne dubbatu. Erga barumsa sadarkaa tokkoffaa fixee booda, Abubakar

gara Carcar deemee barsiisaa amantii [Islaamaa](#) Sheeh Umar Aliyyii Balballeetti jalatti barate. Itti aansee Harar deemun waggaa baayyeef Sheek Yusuf Adam jalatti barate. Barsiisota amantii Islaamaa kan biroo jalattillee kan barate yoo ta'u seenaa isaanii (biography) kan inni barreessee kanuma isaan kana qofaati. Sheek Bakrii Saphaalloo ilma Garad Usmaan Odaati; Garad Usmaan Odaa naannoo laga Saphaalloomtii lafa qaba ture. Lafti isaanii kun yeroo Minilik Harar qabatu bulchiinsa sana keessa oole. Abubakar kan dhalate erga Harar Minilikiin booji'amte waggaa 8 booda yoo ta'u erga abbaansaa amantii [Islaamaa](#) fudhatee waggaa 16 booda ture. Abubakar obboleeyyan dhiiraa sadi'ii fi obboleeyyan durbaa afur qaba. Garad Usmaan musliima bayeessa fi dandeettii [Afaan Oromoo](#) kan qabu yoo ture barnoota garuu hin qabu; kanaaf dubbisuu fi barreessuu hin danda'u. R. J. Haywar fi Mahaammad Hasan akka tilmaamanitti, ati Sheek Bakrii Kadijjaan Musliima ta'uu akka hin hafne maqaa ishiirraa ka'uun tilmaamu. Erga barumsa sadarkaa tokkoffaa fixee booda, Abubakar gara Carcar deemee barsiisaa amantii Islaamaa Sheeh Umar Aliyyii Balballeetti jalatti barate. Itti aansee Harar deemun waggaa baayyeef Sheek Yusuf Adam jalatti barate. Barsiisota amantii Islaamaa kan biroo jalattillee kan barate yoo ta'u seenaa isaanii (biography) kan inni barreessee kanuma isaan kana qofaati.

Erga waggaa 20 barnootarratti dabarsee booda, Sheek Bakriin gara Saphaalloomtii debii'e; achittis barsiisuu jalqabe. Amantiidhan bukkeetti, barnoota akka hawaasaa, seenaa, herreega, qorannaa urjii(astronomy), Afaan Arabaa fi barreeffama Afaan Oromootin barreessuu barsiisa ture. Ofii isaas [Afaan Oromootin](#) walaloo barreessu jalqabe; Kunimmoo isaaf beekkamtii akka argatuu fi maqaa inni baayyinaan ittiin beekkamu akka argatu godhe. Sheek Bakriin Saphaalloo gadi-lakkisee iddowwan adda addaatti barsiisaa ture. Kana keessaa beekkamaan sadi'i Hortuu, naannoo [Dirre Dhawaa](#), magaalaa [Dirre Dhawaa](#) mataasaa, fi Addelle, [Dirre Dhawaarraa](#) km 25 kan fagaattu fi karaa Hararirratti kana argamtu. Adelleetti mana barumsaa ijaaree ture, manni barumsaa kuni masgiida isaa jedhamee beekkama. Sheek Bakriin bakka deeme hundatti dubartii naannoo sanaa haadha manaa godhee fuudhaa akka ture dubbatama. Kana keessaa haati manaan isaa 11 ni beekkamu. Hadha manaa isaa sadi'irraa ijoollee 18 qaba ture: dhiira 13 fi durba 5. Haadha manaa baayyee haa qabaatu malee, Sheek Bakriin seera fuudhaa Musliimaa eegaa ture, si'a tokkottis haadha manaa lamaa ol hin qabu ture; bara dullumasaa keessa ammoo haadha manaa tokko qofa qaba ture. Yeroo kana barreeffama Afaan Oromoo fi Afaan Arabaa baayyee barreessaa ture.

Sheek Bakriin qubee Afaan Oromoo ittiin barreessan haaraa bara 1956tti iddoo Hagi Qome jedhamutti uume. Sheek Bakriin qubee kana uumuuf gara naannoo dhaloota isaatti deebi'e. Kunis qondaaltonni mootumma [Afaan Oromoon](#) qubee kan biraan dhiisii qubee Saabatiinu akka barreeffamuuf gonkuma kan hin barbaadne waan turaniif hojiisaa icitiin hojjachuuf ta'u hin oolu jedhama. Jalqabarratti yoo qubeen Afaan Oromoo kun fudhatama guddaa nannoo [Harargeetti](#) argateyyuu, qondaaltonnii mootummaa Itoophiyaa ija sodaatin ilaalun "Oromoo akka of baru godhee tokkummaa biyyattii balaa keessa buusa" jedhan. Kanarraa ka'uun fayyadama qubee kana ukkamsuu jalqaban. Bara 1965tti Sheek Bakrii Saphaallos [Dirre Dhawaatti](#) hidhaa manaa jala akka turuu godhan; barsiisuu akka itti fufu garuu eeyyamaniif. Bara 1968tti,

torbanitii si'a lama ykn sadi'i Adelle akka dhaqu eeyyamaniif. Yeroo kana Sheek Bakrii Shalda, kan fuula 20 qabu, kan inni barreesse. Shaldaan barreffama qajeelfama amantii qabate kan fakkeeffame yoo ta'u garuu jalqabaa qabee amma dhumaatti waa'ee bitta garbumma Amaaraa fi hachuucmaa Oromoorra ga'e fi rakkina sirna Hayilasillaase jalatti uummata Oromoorra ga'aa jiru kan qabate ture. Wanti biraa Shaldaa adda godhu, barreffama guddaa jedhamuu keessaa qubee Sheek Bakrii Saphaallotti fayyadamuun kan jalqabaa fi kan dhumaas ture.

Bara 1978tti, erga Hayila Sillaasen aangorraa bu'ee [Dargiin](#) angoo qabatee booda, Sheek Bakrii Saphaalloo fi haati manaan isaa Goola Diimaa (Red Terror) baqachuun gara [Somaaliyaa](#) deeman. Achittis buufata baqattoota Hiraan keessa galan. Sheek Bakriin gara Moqaadishoo akka deemuf eeyyama nan argadha jedhee abdatee ture. Moqaadishoos deemee hojjatee barreffama isaa maxxansuuf hawwii qaba ture. Garuu buufata baqattootaa gadi-lakkisee gara Moqaadishoo deemuf eeyyama hin arganne. Haalii buufaticha keessa jirus isaaf nama umuriin saddeettama keessa jiruuf ulfataa ta'e. Achittis yeroo dheeraa erga dhukkubsatee booda bara 1980tti umurii wagga 85tti du'e.

## Hojii Isaa

Sheek Bakriin barreffama baayyee amantiirratti fi amantiin-ala kan barreesse yoo ta'u, kana keessaa muraasa qofatu meeshaalee maxxansaan qophaa'ee; barreffamni baayyeen harkaan kan barreeffame ture. Barreeffamoonni kun barattoota isaa adda addaa biratti faffaca'anii turan. Hayiwaardi fi Hasan barreffama inni barreessee kessaa saddeet kan inni Afaan Arabaan barreesse tarreessu, barreeffamoonni kun Moqaadishootti argamuu akka danda'anis heeraniiru: *Dirdsa fi al-mantiqa 1-Harariyya jughrafiyyan wa bashariyyan*, barreffama qorannaa hawaasaa (geography) fi dimoograafii naannoo Harari fi kan fuula 200 qabu; barreffama seenaa lama *Janaza shamarikh min hadayiz al-tawarikh* kan fuula 95 qabu, and *Kitab irsal al-sawarikh ila sama' al-tawarikh*, kitaaba seenaa Oromoo kan fuula 56 qabu; barreffama amantii *sadi'i Al-mawahib al-madadiyyah fi l-'awf al-'adadiyya, Muqaddamat taysir al-zari'a* (fuula 48 qaba), fi *Taysir al-zari'a ila fuquhiyy fi ahkam al-shari'a*; fi seenaa barsiiftota isaa (biography) lama kan armaan olitti ibsame.

Mahaammad Hasan yeroo kitaaba *The Oromo of Ethiopia, a History: 1570-1860* barreessu barreffama Sheek Bakrii Kitab irsal al-sawarikh ila sama' al-tawarikh itti baayyee fayyadame. Barreeffama Sheek Bakrii kanas akkas jedhee ibse "seenaa Oromoo jalqabaa hanga ammaa irratti ibsa guddaa qaba. Seenaa Oromoo kan jalqabaarratti hanqina haa qabaatu malee sirna gadaarratti odeeffannoo gaarii qaba". Mahaammad wa'ee [sirna Gadaa](#) yeroo barreessu barreffama Sheek Bakrii kanarratti hunda'e.

## Yaaddannoo Isaa

Akkuma olitti ibsametti Sheek Bakriin walaleessaa [Oromoo](#) beekkamaa dha. Akka Hayiwaardi fi Hasan jedhanitti, "Sheek Bakriin sammuu Oromootaa kana dadammaqsee fi karaa walaloo isaa kan inni Afan isaanitiin barreessen akkasumas ummanni akka qalbiitti qabatee yaadatuuf gaggabaabaa kan tureen jaalaala Oromoo argate.

Hojiin Sheek Bakri Saphaallloo inni guddaan qubee [Afaan Oromoo](#) ta'u uumuu isaati. [Afaan Oromoo](#) sirna barreeffamaa adda addaa lamaan barreeffama kana

ture yoo ta'u, Sheek Bakriin lamaan isaani ni beeka ture; innis Afaan Arabaa fi Afaan Gi'izii. Sirni barreeffamaa afaan lamaanu kana [Afaan Oromoo](#) barreessuf mijatu hin turre. Kana keessaa tokko [Afaan Oromoo](#) dubbachiiftuu 10 kan qabu yoo ta'u Amaariffi garuu dubbachiiftu torba qofa qabaachuu isaati. Sheek Bakriin qorannaa afaanii (linguistics) kan baranne ykn beekkumsa sagaleewwan afaanii (phoneme) kan hin qabne yoo ta'u sirnni barreeffamaa inni uume garuu irraa caalansaa sagalee afaanii(phoneme) irratti hundaa'a. Kana jechuun sagaleewwan [Afaan Oromoo](#) tokko tokkon isaanitiif qubee tokko uume. Hayiwaardi fi Hasan itti aansun sirni barreeffamaa inni uume kun silabasii fi alfaabeetii kan walitti qabate ture jechuun dubbatu. Sirni barreeffamaa Sheek Bakrii kun akka Afaan Arabaa walitti hdihamaa kan hin turre yoo ta'u, kunimmoo Afaan Arabaarraa caalaa Gi'iizitti kan hidhate kan fakkeessu yoo ta'u, karaa biraa ammoo qubee sagalee hin qabne kan barreeffama keessatti itti hin fayyadamane qaba; kun immoo Gi'iizii keessa kan hin jirre. Walumaagalatti sirni barreeffamaa Sheek Bakrii afaan lamaanittu hidhata kan hin qabnee fi kalaqa mataa isaati.

Du'aa Sheekaa guddaa,aalima fi hayyuu oromoo kana ilaalchisee barataa isaa kan ture sheek mohammed rashaad abdulle gadda itti dhagahamee irra dhaabbatee, walaloo garaa nama nyaattu, tan ergaa guddaa qabdu fi namni marti waan gaarii sabaa fi mataa isaatiifis hojjachuu akka qabu gorsitu akkasumaas seenaa fi maqaan sheek bakrii yeroo hunda akka hin irraanfatamne ibsitu, akka asitti aanu kanatti barreessanii turan.

***“Addunyaan hamtuudhaa hamtuudhaa ba`attii***

***Hamtuu ifii deemtun si bira qubattii,***

***Laalaa addunya`aa kan agarin jiruu***

***Namuu ni eeggataa waan waaqni saa hiruu***

***Quufaa fii beeltiniis haala addunya`aatii***

***Du`aa fii jirulleen beeki akkasiitii***

***Mi`aan addunyaadhaa hadhaadha ba`atti***

***Abbaadha fii ilmaan adda adda baaftii***

***Kan gaarii dalaguu hamtuu dura dhaabdii***

***Nama ol hiixatuu gadiin gara galtii.***

***Gammachuu jiruudhaa naasu`uu keessa jiraa***

***Jiruu addunyaadhaa du`aa waliin jiraa***

**Addunyaan tun baraa mana kheenyaa mitii**  
**Baraa manni dhuga`aa kan du`a boodatii**

**Mee warra dur dabree qalbii godhii laalii**  
**Kan nurra jaboodhaa gad kutan mee olii**

**Hundi du`aan dabree gara aakhira`aatii**  
**Lubbuun rabbiin uumee fedhii saatin baatii**

**Irra guddaan saanii rasuula rabbiitii**  
**Isaanuu dabranii gara rabbii fiitii,**

**Xiqqaafii guddaanis khara kana yaa`aa**  
**Namuu du`a baataa waan dadhabu ba`aa**

**Namni gaarin du`u hundaatu rifataa**  
**Ammoo badaan du`uu eenyumtu mil`ataa.**

**Duuti haadhaa-abba`aa ilmoo rifachiiftii**  
**Duuti beekaa biyyaa ummata naasiftii**

**Naasuu guddoo guddo`oo mata`aa nu gad bu`ee**  
**Sheekh Bakriin Saphaloo beekan biyyaa du`ee**

**Ummata boochiftee duuti isaaniitii**  
**Akkamiin hin boonyee utubaa saanitii,**

**Utubaadha jigee ummata keenyarraa**  
**Baraa ifa`aa dhaamee diinaa islaamarraa,**

***Duutii saanii baraa du`a taanin addaa  
Eeyyee duuti saanii du`a biyyaa hundaa***

***Namni ka isaanii kan namuu jaalatuu  
Kan xiqqaafii guddaan karaa saa abdatuu***

***Waan ergamuun sayuu biyya teenyarrattii  
Zalaalamiin obbaatuu laalan du`a saatii***

***Sheekh Bakriin Saphaloo abbaa ummataatii  
Kan isaan qaceelchuu karaa guddinaatii***

***Kan isaa barsiisuu karaa warraaqatii  
Dirqiidhan argatu`uuf haqa isaanitii***

***Qabsoo jabeessanii diddaa xilaatatii  
Dhiigan magarsanii qabsoo taariikhatii***

***Taariikha ummataa isaanumaa jaaree  
Odoo isaan dhabnee yoom ifumaa barree***

***Kitaabban isaanii mee dubbisii laalii  
Ajaa`iba gartaa kan sii himee olii***

***( Irsaalu sawaariikh ) kitaaba saanitii  
Kan gad qabee himuu seenaa ummataatii,***

***Walaloon ( shaalda`aa ) tan isaan tolchani  
Tan isiidhan namuu qabso`otti kaasanii,***

*Waan ajaa`ibaatii mee dubbisii bari  
Hoggaa san agartaa qabsoo abii bakrii,*

*Bara kudha torbaan durattii tolchanii  
Kan achirraa qabsoo ittuma fufanii*

*Walaloo shalda`aa xiqqo`orraa dhagayaa  
Waan isaan tolchanii isi`iin nadha bayaa:-*

*“Cunqursaa amaaran ( dassitaa ) je`anii  
Ammoo kaanin boruu barmaami je`anii  
Dassitaan qabeeffe`ataa boruu barmaamii  
Mala saa karaa yoo beyte sii tilmaamii  
Fi`amuu didii haadallee tanaan ciri yaa baruu  
Dassitaa badaa xilaata diin islaamii  
Jahataan malii fe`amuu jalaa bahan eeginii  
Akka jazaa`irii adanii cingii feetanaamii  
Du`an oolanii du`a faa sodaa matumaa gatii  
Inumaa dafee fedhuu haa dhufuu as yaamii  
Si namuu kha`ee khanumaan boruu taye maa rafa  
Asaboot korii yoo kee owwaatan yaami”*

*Kan dhageessaan kunii dubbii sheekh bakriitii  
Irraa beekhaa qabsoo isaanitii*

*Bara khudha shaniin duratti je`anii  
Diddaa amaraatiif dhiira dammaysanii*

*Harfin afaan kheenyaa tun isaan khaayanii  
Waan ummata fiitin guddisuu yaadanii*

***Namuu yaada khanaa isaan duran yaannee  
Isaanumaan baraa mataa ol qabannee***

***Isaa karaa banee dhiira dalayduufii  
Isaa toltuu fidee biyya isaatifii***

***Tokkumaan ummataa isaanin magartee  
Dubbiin walii galu`uu isaan jalqabamtee***

***Sheekh kheenya guddaa dalagaa isaanii  
Waan himneen dandeenyee baraa lakkoysanii***

***Kan je`uu dandeenyuu dirree babaafnetii  
Isa anumaa cabsii yaada amaatii***

***Dhiira ammaan tanaa isaani gudisee  
Isa anumaa kharaa jiruudhaa beysisee***

***Kan qaceelchanirraa bar tokko anumaa  
Kan lafaa na kaasee baraa isa anumaa***

***Jennummaan sheekh Bakrii kan fakkaataan qabnee  
Ummataaf yaddawuun waan wasanan qabnee***

***Cunqursa`aan morkoruu itti jabeessanii  
Argadhaa dhageyti`iin isumaa jibbanii***

***Meeqaatam marfamoo dirree dhawaadhattii  
Akka irraan baane gara biraatittii***

***Haatayuu dirmachuun rabbi biraa dhuftee***

***Cunqursaa ummata harkaa futtaa fatee  
Ajjeechaa amaaraa jalaa ni bayanii***

***Hararii kha`aniiti hargeeysa dhufanii  
Hargeessarraa biyya hireen geeffamanii  
Bakka san qubatee ummataa wajjinii***

***Ummata isaanii kan biyyaa baafamee  
Kan manaafii horiin isaa zarrafamee***

***Achi-wal gayanii biyya hireenitti  
Sheekh Bakriin Saphaloo ifaa isaanitii***

***Kan isaan ammatuu kan namuu abdatuu  
Kan halkanii guyyaa isaan tottooyatuu***

***Odoo rakkoon jabddun isaanitti jirtuu  
Ummataaf yaaddawaa tan ifiin yaadatuu***

***Qilleensatu tuqee miila isaanii  
Sanumaan du`anii guddinaan wajjinii***

***Gaafni isan du`an kumaaf dhib sagalii  
Bara saddeettammaniis ittuma dabalii***

***Guyyaan aakhiraman guyyaa arba`aatii  
Baatii ibriilii keessaa sayleessaa isiitii***

***Dhaloonni isaanii kumaaf dhib saddeetii  
Saddeettamii tokko itti iddatetii***

***Maqaamni isaanii biyuma hireenii  
Kabajaa guddo`oon baraa qabbaramanii,***

***Ulamaan ummataa achi wal gayanii  
Kakka sheekh Bilisa`aa kaka sheekh Usmaanii***

***Gaafa inni du`ee dachiin gara-galtee  
Ummata isaanii itti dukkanooytee***

***Ifaadhaatu dhaamee biyya hireenirraa  
Lakkii ifaan dhaamun biyyuma hundarraa***

***Baraa isaan du`uun miidhaa addunya`aatii  
Kan bakka saa bu`uu waan agartuu atii***

***Eenyumaatu sabraa sheekh Abuu bakrirraa  
Ummata saa dhiisii orma addunya`arraa***

***sheekh Bakriin Saphaloo ifaa dukkanaatii  
Kan nama qaceelchuu karaa guddinaatii***

***Qaamni saa godaanuu lubbuun saa ni jirtii  
Tan ummata yaamtuu karaa jiruudhattii***

***Shi`ibii biyya teenya lubbuun saanii bakrii  
Dalagaa isanii qalbi`iin laalii barii***

***Qabriin sheekh bakri`ii qalbii tee haataatuu  
Akka zalaalamii si wajji jiraatuu***

***Diinaa keetif du`ee kan akkaan qabattuu***

***Biyya teetif du`ee odd-kkaan jaalatu***

***Namni biyyaaf du`ee inni baraan duunee***

***Qalbii saba saatii abaduu waan baanee***

***Yaa rabbi teessisii janata kee kheessaa***

***Nuufis sabrii kennii waan nu qabanneessaa. X2***

Sheek mohaammed rashaad haala kanaan walaloo gabaabduu kana keessatti seenaa fi hojii sheek bakrii ibsuun, dhaamsaas dhalootaaf dabarsee ture.

Akkuma sheek mohaammad rashaad ja'e yeroo ammaa onnee hawaasni oromoo hunda keessaa sheek bakriin akka jiru beekkamaadha.

Haala kanaan wal qabatee ummanni oromoo yeroo ammaa siidaa yaadannoo sheek bakrii saphaloo haraargee bahaa magaalaa kaarra millee keessatti ijaarameefi jira.

Qoph:[websaayitoota garaagaraa](#)

Hag,6415 DH.O/2021 GC